50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

**OFFICIAL**

Jiraataa
Deemsa oloo Collingwood
COLLINGWOOD

Kabajamoo jiraatoo

Adeemsa Ijaarsa ManneenJireenyaa Gurguddaa Hooms Viktooriyaa fi sagantaa irra deebiin misoomsuu manneen olka'oo irratti odeeffannoo kennuuf isiniif barreessaa jirra.

Sagantaa gulantaa itti aanuu amma bakkewwan haaraa 7tti adeemsifamaa jira. Kana jechuun jiraattota ammaa fi gara fuula duraa naannoo magaalaa 9 keessatti mana fooyya'aa, nageenya qabuu fi mijataa ta'e argachiisaa jirra. **Beeksifni har'aa gamoo yookiin mana keessan irratti dhiibbaa hin qabaatu.**

## Har'a maaltu labsame?

Har'a, waa'ee gamoowwan kanneen deebisanii ijaaruu irratti jiraattota waliin haasofne:

- 25 fi 27 Kiing Stiriit, Piraan
- 150 Viktooriyaa Aveenuu, Albert Paark
- 150 Inkerman Stiriit, Sent Kildaa
- 159 Melrooz Stirrit, Noorz Melboorn
- 29 Kraawun Stiriit, Flemingtan
- 94 Ormoond Stiriit, Kensingtan

**Adoolessa 2026 eegalee hanga Guraandhala 2028tti,** yeroo deebisanii misoomsuun godhamaa jirutti, miseensota maatii kanneen gara mana mijataatti dabarsuuf walitti dhiheenyaan hojjenna.

## Jiraattota deebi'anii qubatan gargaaruuf naannoo dhihootti manneen haaraa ijaaruutti jirra

Filannoo qubsuma jiraattota kanaa deeggaruuf manneen jireenyaa haaraa qulqullina qabu duraanuu naannoo sanatti hojjetamaa jiru. Kanneen bara kana keessa xumuraman yoo ta'u kanneen armaan gadii dabalatu:

- Esseks Stiriit, Piraan
- Saymens Stiriit, Saawuz Yaaraa
- Baraak Beeken, Poort Melboorn
- Hooland Koort, Flemingtan

Manneen kanneen ho’uu fi qabbaneessuuf salphaa akkasumas, namoota fedhii sochii qabaniif mijataa, nageenya, ifaafi afarsituu qilleensaa fooyya’aa akkasumas barandaa fi kutaa miiccaa dhuunfaa kan qabanidha.

## Waa'ee sagantaa deebisanii ijaaruu

Manneen olka’oon durii Melboorn manneen haaraa sadarkaa ammayyaa mijataa, dhaqqabummaa fi anniisaa qusachuu guutaniin bakka bu’u.

Gamoowwan kana irra deebiin misoomsuun jiraattonni ammas ta’e gara fuulduraatti mana nageenya qabu, mijataa fi fedhii isaaniif malu keessa jiraachuu akka danda’an mirkaneessaa jirra.

Deebisanii qubachuun kana booda hanga Amajjii 2028tti hin jiraatu.

## Nu waliin turuudhaan odeeffannoo haaraa argadhaa

Sadarkaa pirojektichaa hunda irratti odeeffannoo haaraa ni qabaanna. Akkasumaswaan naannoo keessanitti ta’aa jiru ilaaluuf marsariitii keenya homes.vic.gov.au dawwachuu akkasumas odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa’uu dandeessu.

Kabajaa wajjin

**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Hooms Viktooriyaa

28/01/2026